# 5. NUHU FI FACH'AA BISAANI

## Uumama 6-9

*Hameenna ilme namaa/ Akka uleen Waaqa ilme nama d'aqabde.*

Eegi Waaqi Kaini abaare, Kainiini niiti fuud'e worri waliin ilmaan horan. Seethilleen kha Waaqi fula Habili Adamuufi Hawai kenne, niiti argate woliin ijoolle horan. Nami hore heddate lafa qabate. Nami gari Waaqa jaalate, nami hagi guddaani mata jabaate Waaqan morke. Ammalle yo chufa woli had'ani. Aabbo Waaqi aka hameenni namaa lafa ira dabre, ammalle heregi garaa worraa hojja ch'ufa hama arginaani waan qara worra duri lafa irati mid'aaseefi gaabe. Inni waan jed'e, "Anini nama uumefi bineensafi simpirreefi bineensa garaani lafa ira lohule ch'ufa lafa keesaa balleesa"

*Huji Nuhu*

Ammo Aabbo Waaqi ammalle Nuhu maache guddo iraa gammade. Nuhuuni nama d'ugaa kha Waaqa waliin deeme. Waaqi waan Nuhuuni jed'e, "Anini la buufad'e, aka nama ch'ufa balleesu; wonti akanatiifi lafti ya hammaatte, nami wolhad'e wolsaame, tanaafi worrafi lafale imballeesa."

"Obolo guddo mukha jabaani jaari, duuba anini bokaya guddaani d'ufa, aka lolaani lafati fach'ae waan lubbu qaba ka lafa jira ch'ufa balleesu. Wonti lafa gubbaa jira ch'ufti indooti, waan lubbu qaba ch'ufa, d'alafi korma, fuud'i, oboloti naqi, aka lubbu baaftu. Ammalle sagale gosa ch'ufa ta nyaatani fuud'i olkayi."

Waaqi aka Nuhuuni hobolo jaaru male chufa iti hime. Nuhulleni waan ch'ufa, akuma Waaqi jed'eeni, tolche guute. Eegi ganna dheera Nuhuuni hobolo suni injiaare. Jennani Waaqi guyya tokko Nuhu beesise akka inni isaafi maati isaatifi bineesa fi simpirre aka akaalle chufti hobolo seenan. Jennaani Waaqi balbala hobolo suni inchufe.

*Bokkayaa fi Eegachaa*

Guyya afurtamatiifi halkani afurtama bokai gubbati robe bisaan lafa jala olyaani. Bisaani aka taka inargini guddatani gaareeni d'ed'eertule ch'ufa fud'atani d'ossani, wonti lubbu qaba ch'ufti inhobaate. Nuhufi maati isaatifi, waan isa woliini obolo keesa jiru ch'allati hafe.

Eegi guyya afurtama, Waaqi Nuhufi bineensafi hori isa woliini obolo keesa jira ch'ufa qaabate, bisaani gadeebise. Jia heddu Nuhuuni obolo kees jiraate. Eegi ganna tokko, obolooni d'ufte gaara ira teete.

*Eeba Waaqa.*

Jennaani Waaqi waan Nuhuuni jed'e, "Obolo keesaa baha." Duuba Nuhufi ilmaani isaatiifi niiti isaatiifi nad'eeni ilmaani isaa ch'ufti obolo keesaa bahani. Jennaani

Nuhuuni fulla sorio iti qalani Waaqaa jaare, sorio Waaqaa baase, Waaqa guddise. Jennaani waan waan jed'e, "Anini waan lubbu qaba aka qara balleese kana deebie imballeesu, tanafi anini ule tiyya gubbaa dumansa keesa d'aaba."

Waaqi Nuhufi ilmaani isaati eebise waan jed'eeni, "Hora bula, daraara, lafa ira dabra."

Jennaani Waaqi waan Nuhuuni jed'e, "Waan lubbu qaba ch'ufa, mukhaafi bineensale, ya sii kenne, aka isiini sagale sii taatu. Ammo fooni d'iigi keesaa imbahini inyaatina, waan jireenni d'iiga kees jiruufi. Ka d'iiga namaa buuse, namati d'iiga buusa; wonti akanatiifi Waaqi fakeenna ufii gula nama mid'aase." D'aLutui Nuhu heddate, laakuma ganni deemuni ilmeen nama horte lafa qabate.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Guyya tokko kha nami akka waan tokko hojjatani irra qajeelumsa d'ed'eera ammalle jajaba sii kenne, dandeette inqaabata? Qajeelumsa suni gula deemitini guddo jabdu? Atin akka abdi fa khutattu ilaalacha seente?

**<u>ODUU</u>: Oduu tana odeesi akka gumiini dandeette irdedeebite akanaani woliin baratu.**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI:</u> Gaafi tanaani haasa geegesi**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini akkamiini JABEENNA Waaqa (Humna isa, Guddinna isa, akka inni qarqaarsa nama dhibii himbarbaanne) maanini garsiifti?**
    - Inni addunyaa balleesse ammalle fach'aa bisaanille tohanno ufi jala galchu dandae.
    - Inn waan uuma adunyaa taheefi, balleessufi dandeeti qaba.
    - Inni dandeeti ufumaan bokka gudda robe, bisaan maddee ammalle ch'aamsun qaba.
    - Inni hojja Nuhuuni obolo seenufi yo inni keesa bahuu malelle imbeesise.
    - Inni akka Nuhuufi ilmaan isa heddatan worra eebise.

- **Oduun tunini akka Waaqi BEEKHAA (Kha fula chufa) maanin garsiifti?**
    - Inni hammeenna nama imbeekha, herrega isa hamaama CH'UFA imbeekha.
    - Inni akka obolo ijaaru malan imbeekhe. (Nuhuun duraan takka bokka guddaafi bisaan guddo akkasi inargine fa).
    - Waaaqi horii soorio baasu malani imbeekhe.

- **Oduun tunini QULQULLOOMA Waaqa (akka inni kha dhugaa tahe, akka inni chubbu jibbu, akka inni chubbicha wolaala iti muru) maanin garsiifti?**
    - Inni nama imballeesse, akka d'aanicha ch'ubbu isaa.
    - Inni seera waan jigaansa d'iigaa namaa kenne.
    - Inni ajaja qit'ee kha waan ijaarro oboloo kenne. Nuhuun sila akka d'bii ijaare Waaqa gammachiisu hindandau.
    - Waaqii balbala ch'ufe. Nami tokolle deebie banu hindandeenne. Toli eebba isa kha araara, haga saati inni namaa kenneeti, nama ch'ufaa injira.
- **Oduun tunini TOLA- EEBA Waaqa (Naasu isa, akka inni namaan wolhaasau, arjooma isatifi dansooma isa) maanin garsiifti?**
    - Inni ganna heddu obsaan eegate, ammalle qoommi nami ch'ubbu irra deebiun namaa kenne.
    - Inni Nuhuun walhaasae, waan d'ufaansa fach'aa bisaani iti hime.
    - Inni kara dansa Nuhuuni obolo dansaan ijaaru male ingarsiise.
    - Inni waan ijaarro oboloo sunii feesisa, Nuhuuti kenne, horii nyaatatiifi kha sooriolle inqop'eeseefi.
    - Inni soorio Nuhuu infud'ate, ato Nuhuun ch'ubbicha taheellee.
    - Inni maati Nuhuu eebise, akka worri hore lafa qabatu eeyyame.
- **Oduun tunini AMANAMUMMA Waaqa (akka inni hinjijiiramne) maanin garsiifti?**
    - Akkuma duri kakhate bokka gudda erge jed'e, tolche kakhu isa guute.
    - Inni Nuhuufi maat isaalle akkuma imbaasa jed'e worraa kakhate baase.
    - Inni ulee Waaqa akka akheekha kakhu isa namaa kenne, akka deebie bisaanin lafa imballeesine.
    - Inni sanyii uwwiti keesa baate injabeesse (Uumama 3:15). Inni durumaati deeme kakhu isa ta d'ufaansa Baasaa kha kara uwwitiitin d'ufu, guute.
    - **Waaqi kara kamiini arrallee kakhu isa guuta? Inni kakhu ule Waaqa ya guute?**
- **Oduu tunin waan ilme NAMA maan nu barsiifti?**
- **Waan ILME NAMAA oduu tan keessa maan baranna? Bara Nuhu ilmeen nama akkam jirti?**

- Marro ch'ubbu Adamuutifi, namii Waaqa waaliin tokkuma d'abe. Oobru Edeniitini alaati, Waaqa irra fagaate d'alate. Duuba waan nami mata jabaatefi, ch'ubbuun nama inguddate.
- Nami kara ufii ch'alla jaalata. Yo heddu Waaqafi ajaja isaalle didee, ufumma isaatini d'arra ufi ch'alla barbaada.
- Nami wolti hammaate, ufo tahe ammalle woli had'a.
- Nami d'uga ch'aqasu hinfed'u. Ganna 120, gumiiin huji Nuhuu argite, gaafate, ammo ch'ubbu irra deebiu didde.

- **Nuhullen chubbicha? Dooti isaa ya malte?**
  - Eeehe, Nuhuullen ch'ubbicha. Inni sanyi Adamuuti. Eeege daad'i d'uge machaae ilmaan isa abaare. Akkuma ch'ubbaalyi d'ibii, isalle dooti ya malteefi.

- **Maanti akka ilmeen nama aralle chubbitii garsiisa? Maanti akka ilmeen nama gaafuma dhalateeyu Waaqan gargari baate garsiisa?**
  - Nami arra maanin nama bara Nuhuu suni fakaata? Wolhad'aa? Gumbo nyaata? Hammeenna qaba? Onneen isa akkam jirti?

**Akka ILMEEN NAMAA GARA WAAQA D'UFTU irra maan baranna?**

- **Maanifi Nuhuuni Waaqa biratti fudhatamiisa argate?**
  - Waan inni gumii bara jidduuti, nama d'ugaa kha aalanno womaatu hinqamne taheefi. Inni Waaqa waliin deeme. Akkas jechuun, d'ugeefachaan jiraate, Waaqati abdate, yaada Waaqa gula deeme, Waaqaa eeyyame.
  - Waaqi d'ugeefachaafi ajajamiisa Nuhuu suni, naasun iti owwaate isa baase, ato inni ch'ubbicha taheellee.
  - Nuhuun Waaqa ch'aqase, tanaafi waan Waaqi tolchi jed'een beekhe guute.
- **Maaniif Nuhuun Waaqaa ajajamuufi d'ugeefachan guddoon feesifteef?**
  - Nuhuun duraan obolo guddoofi bisaan guddo akkasi inargine. Inni bara heddu hammeennan jiraate. Hammeeni gumiillen dandae isa gara ch'absaa. Ijaarron oboloo sunini hujii jajabduu ammalle hori gudda feetu. Ijaaro oboloo suni irraati nami hedduullen guddo isa gooyese.

- **Nuhuuni maafi Waaqaa ajajame? D'UGEEFACHAAFI AJAJAMIISI kara kamiini wolti d'iyaata?**
  - Inni Waaq jaalate. Inni akka Waaqi waan jed'e guutu, d'ugeefacha iti qabaate.

- **Akka obolooni tokko taate ammalle balbalti obolo suniillen tokko taate irra maan baranna?**
  - Karaan gara Waaqatiin deeman TOKKO CH'ALLAA! Nu kara Waaqatiin gara Waaqa d'ufuu malle. Habiliifi Kaini qaabad'u. Waaqa waan kara isaatin d'ufe ch'alla fud'ata.
  - Karaan Waaqa kana: Atin akka ch'ubbicha kha qarqaarsa tokolle kha ufiin baasu hinqamne, ufbeekhu malte, duuba d'ugeefacha tante Baasa tokkocha Waaqi kenne, irra keeyad'u.

- **Maantu akka wold'aqiisi d'iiga kha Nuhuu, kha adda tahe garsiisa?**
  - Inni dandae hinyaanne, waan isiin ta Waaqa taatef. Jireenni d'iiga kees jira, ammalle Waaqati jireenna namaa kenna.
  - Waaqi Adamuufi Hawai goga uffisee. D'iiga bineensa jisse akka eebba nama garsiisu. Nuhuuni obolo keessa baanani inni sorio galata Waaqa baase waan Waaqi tola eebba isaa isa garsiisefi.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- Oduu tan keessati Waaqi yaada fi herrega ch'ubbu kha onne keenna wollaala iti mura. Yaadafi herregi ch'ubbuu kha nu hojja heddu d'ossinu khami?
- Yeso male balbalti d'ibiin ta biyyiti akka Waaqa gammachiiftu yokhaani akka ufiira gammaddufi, olseentun tami fa?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u>
**(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)**

- Waaqi yaada kee ch'ufa imbeekha! Ch'ubbuun atin d'iyoo tana Waaqa d'ossuuti jirtu ta ammo ammaantan afaan keetin himate irra deebiu feetu tami?
- **Haali akka Nuhuun kees bahe kha atin amaantan kees bahuuti jirtu kami fa? Waaqi sii kara d'ugeefachaatin maan taatu fed'a, ato waan jabdu taatellee?** Nami jaalachuun siti ulfaate jaalachu mo?
  Akka atin nama siti wollaalee, araaramtu mo? Akka atin saati fi horii kanke baafte nama qarqaarte ammalle isa ulfeesitu mo? Yokhaan akka atin BALBALA TOKKOTI Waaqi namaa kenneeni olseente gara isa d'uftu, akkas jechuun, aka atin Yesoti abdatu? Oduun tunini kara kamiin akka atin buqifata d'ugeefachaa fud'atu si qarqaarti?